



# Daa'imni keesosocco'uun Mallattoo nagaa ta'uu isaaniti

Dubartooti hedduun yeroo baay'ee daa'imman isaanii akka sosocco'an kan miireffatan ulfa torbanoota 16 hanga 24 jidduutti.. Sosochiin daa'imaa 'dhiitichoo, u'utaaluu, garagaluu yookan naanna'uu fa'aan ibsamuumala. Akkuma ulfi kee dabaluungosti sochii jijiiramuumala ta'a.



## Daa'innikoo hangam sosocco'uu qaba?

Lakkoofsi sochii kana jedhamee kaa'ame hin jiru.

Torbanoota 16 hanga 24 irraa kaasee hanga turbanoota 32 tti sochiin daa'ima keetii baayyinaan sitti dhaga'amuu mala, sana booda hanga deessutti haala wal fakkaataa ta'een tura.



## Waa'eesochii daa'ima keetii irratti yaaddooqabda taanaan gorsafudhachuudhaaf **GUYYAA ITTI AANU hin eegiin.**



Daa'imman xumura ulfaa irratti humnaan yookaan garmalee sosocco'u jechuun **DHUGAA MITI**.



Hanga yeroo dhabduu taatuutti yookan erga dadhabduu taatee boodas daa'imni kee socho'uu **ITTI FUFUU** qabaata.

## Sochiwwan daa'ima keetii bari



## Sochiin daa'imman kootiif maalif barbaachise?

Sochiin daa'ima xiqaachuun fayyaa daa'ima keetii gaarii ta'uu dhiisusaa mallattoo akeekkachiisaati.

Dubartoota daa'imman garaa ba'e walakkaarraa ol mallattoo daa'imni isaanii sochii dhaabuu yookan sochii xiqqeessuutu baayyinaan irratti mul'ata.

Sochiin daa'ima keetii yoo xiqaateera yookaan sochii dhaabeera jettee yaadde deessistuu kee yookaan muummee haadholii hatattamaan **qunnami** (deessistootni sa'aatiiwwan 24 torbanitti guyyaa 7 ni argamu) Ogeessa da'uumsaa yeroo hunda jira, halkanis.



- **Ogeessa** da'uumsa yookan muummee haadholii qunnamuu hin dhaabin.
- **Waa'ee bilbiluu hin dhiphatiinaa**, yooma shakkii qabaattanillee ogeessa da'uumsaa yookan muummee haadholii gorsaaf qunnamuu barbaachisaadha. Kallattiidhaan carraan si arguu barbaaduu isaanii ballaa ta'uu danda'a.



## Ammas sochiin daa'ima kootii ni hir'ata yoo ta'e hoo?

Hordoffii booda sochii daa'ima keetiitti hin gammaddu taanan, kallattiidhaan deessistuu yookan muummee haadholii qunnami, yeroo darbe wanti hundi nagaadha utuu ta'eyis.

Hanga fedhe deddeebiidhaan haalli kun yoo sirratti mul'ate iyyuu, deessistuu yookan muummee haadholii qunnamuuf **GONKUMAA SITTI HIN DHAGA'AMIIN**. Guyyaatti sa'aatii 24 deessistuuwan muummee haadholii keessatti ni argamu.



Dhahannaa onnee daa'ima keetii mirkaneessuuf, too'attuuuwwan harkaa yookaan applikeeshiniiwwan bilbilaa hin fayyadamiin.

Dhahannaa onnee daa'ima keetii yoo agartes, kana jechuun daa'imni kee nagaadha jechuu miti.



Ballina odeeffannoowwan quunnamtiif:

#### **Maddootaa fi Beekkamtiiwwan kennuu**

Barreeffamni as irratti argamu kun, Qajeelfama RCOG Giriinn–tooppi Lakk. 57  
*Hir'achuu Sosochii Daa'imaa* (2011) fi barruu odeeffannoo RCOG irratti hundaa'a  
Sochii daa'imekeetii yeroo ulfaa: *odeeffannoo si'iif* (2012).

Dhaabbatni armaan gadii barreeffama kana qopheessuu keessatti deeggarsa waan  
godheef haa galatoomu.



# Tommy's

Together, for every baby

[tommys.org](http://tommys.org)